







---

Carraa meeqatu si lufee

### B).Du'aayi yeroo Azaana fi Iqaamaa jiddu

???? ?????? ???? ????????? ????? ?????? ????????? ????????? ??? ????? ?????? ? “? ??? ????????? ????????????? ?????? ?????????? ?????????????????? ???”  
?..?

Akka Anas ibn Maalik dabarsetti, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan, “**Du'aayin Azaana fi iqaama jiddutti godhame hin deebifamu.**” (At-Tirmizi 212, Abu Dawud 521)

**C).Du'aayi yeroo salaata**— salaanni guutun isaa faaru Rabbiiti fi du'aayi kan of keessatti qabateedha. Dhugumatti, namni sirritti yoo itti xinxallee fi hiika wanta jedhu beeke, du'aayiwwan miidhagon salaata keessa akka jiran ni hubata. Mee suurama Faatiha irraa jalqabi hanga xumura salaata itti xinxalli, hiika isaa baruuf mee tattaafadhu, waan ajaa'iba argita. Wanti ati Rabbiin irraa kadhachuu barbaaddu salaata keessatti siif guduunfame jira. Milkaa'inni fi gammachuu ati dheebottu salaata keessa jira. Kanaafu, hiika du'aayiwwan salaata keessatti jedhan baruuf tattaafadhu. Erga barte immoo yommuu salaattu irratti xinxalluu fi xiyyeefachuf carraaqi.

**D). Du'aayi yeroo sujuudaa**— sujuunni gocha Rabbiin biratti garmalee jaallatama ta'eedha. Kanaaf, Ergamaan Rabbii (SAW) akkana jedhan:

? “? ?????????? ??? ????????? ?????????? ????? ????????? ????????? ????????? ?????????????????? ?????????????? ???”

“**Gabrichi Gooftaa isaatti daran (caalatti) dhiyoo kan ta'u yommuu sujuuda bu'uudha. Kanaafu,[haala kana keessatti] du'aayi baay'isaa.**” Sahiih Muslim 482

**E.Du'aayi dhuma Salaata fi boodaa**- salaama baafachun duraa fi salaama erga baafatanii booda du'aayi baay'isuun, carraa du'aayin fudhatama argachuu dabala. Ammas, yeroon du'aayi itti baay'isu qaban kanneen armaan gadiiti; wudu'a erga godhanii booda, ji'a Ramadaanaa, Laylatul Qadr, Guyyaa Arafaa, Guyyoota kurnan jalqabaa Zul Hijjah fi kkf.

### Guduunfaa

Mata duree darbee fi kana walitti yommu qabnu du'aayin teenya fudhatama akka argattuuf tarkaanfiwwan kana hordofu dandeenya:

- Badii fi wantoota fokkuu irraa dheessu —Hojiwwaan gaggaarii baay'isanii hojjachuu—Salaata sirnaan salaatu—Rabbiin qofa du'aayi kadhachuu — Yommuu du'aayi godhan yaada ofii sassaabu—wanta du'aayi keessatti jedhan hiika isaa beeku fi irratti xinxalluu— Badii ofii amanuu fi araarama Rabbiin kadhachuu—Rabbiif of gadi qabuu fi sodaachuu—dhoksaan ykn sagalee gadi qabuun du'aayi gochuu—Du'aayi baay'isuu fi yeroo hundaa gochuu—Rabbiin irraa waan gaarii eegu fi Jarjaruu dhiisu.
- Rabbiin Faarsu fi badii ofii amananii Rabbiin irraa araarama kadhachuun, balbala milkaa'innaa fi gammachuu bana.
- Yommuu namoonni hirribatti lixan ka'anii salaatu fi du'aayi gochuun jireenya namaatti qilleensa tasgabbitii fi milkaa'innaa afuufa.

---

•Du'aayi baay'isuu fi yeroo hundaa gochuun burqaa gammachuu fi milkaa'innaa itti fufsiisudha.

Kitaabban wabii: [Du'a Weapon Of the Believer](#) fuula 87-101 fi 117-131 By Abu Ammar Yasir Qadi  
**Sharih Riyaadu saalihiin**-Jiildi-6, fuula 718, Ibn Useymiin

**Date Created**

August 2017

**Author**

admin